



Xiinxala Ga'umsa Gilgaalonni Kitaabota Barnoota Afaan Oromoo Kutaa 5-8 Beekumsa Tuut-Jechaa Adda Addaa Barsiisuurratti Qaban

Taasisaa Kumsaa^{1*}, Shimallis Maazengiyaa^{2*}, Filee Jaallataa^{3*}

Muummee Afaaniifi Ogbarruu Oromoo, Yuunivarsiitii Wallaggaa, L.S.P. 395, Naqamtee, Itoophiyaa

Axereraa	Article Information
<i>Kaayyoon barruu qorannoo kanaa ga'umsa gilgaalonni kitaabota barnoota Afaan Oromoo kutaa 5-8 beekumsa tuut-jechaa adda addaa barsiisuurratti qaban xiinxaluun ibsuudha. Saxaxi qorannoo kanaas saxaxa ibsaadha. Malli qorannicha geggeessuu keessatti dhimma itti ba'ame immoo mala qorannoo makaati. Sababni malli qorannoo kun filatameefis ragaaleen qorannoo kanaa lakkoofsaafi jechaawaan ibsameefidha. Maddi ragaalee qorannoo kanaas madda ragaa tokkoffaafi lammaffaadha. Maddi ragaa lffaan kitaabota barnoota Afaan Oromoo kutaa 5-8 yommuu ta'u, maddi ragaa lammaffaan immoo barsiistota Afaan Oromoofi qaama sirna barnoota afaanichaa qopheessanidha. Malli iddatteessuu qorannoo kanaa immoo mala kaayyeffataafi ammargeedha. Toofaaleen ragaa funaanuuf dhimma itti ba'aman xiinxala kitaabotaafi afgaaffii turan. Argannoowwann qorannoo kanaas gilgaalonni tuut-jecha barsiisuu KBAO kutaa 5-8 keessatti hammataman: walitti firoomsuu, filannoo, bakka duwwaa guutuu, ibsiifi hima ijaaruu qofa ta'uu, gilgaalonni kunneenis murtaa'oofi baay'inaan hiika tuut-jechaa barsiisuu irratti waan fuulleeffataniif, akkasumas, boqonnaawwan kitaabota kanneen gartokko keessaa immoo waan hinqophoofneef beekumsa garaa garaa tuut-jecha barsiisuurratti ga'umsa akka hinqabne adda ba'eera. Rakkoo kana furuuf, qaamni sirni barnoota Afaan Oromoo qopheessu kitaabota Afaan Oromoo gara fuulduraatti qophaa'an keessatti gilgaalota beekumsa garaa garaa tuut-jecha barattoota barsiisan hammachiisuun gaarii ta'a.</i>	Article History: Received: 27-12-2023 Revised: 24-02-2024 Accepted: 19-04-2024
	Jechoota Ijoo: barnsiisuu, gilgaala, kitaabota, tuut-jecha, xiinxala
	*Qorataa Muummee: Taasisaa Kumsaa E-mail: kumsatasisa@gmail.com

1. Seensa

Afaan barsiisuu keessaa tuut-jecha barsiisuun isa tokkodha. Sababni isaas tuut-jechi afaanitti fayyadamuu keessatti qaama baay'ee barbaachisaadha. Yaada kana Abate (2013) akka ibsetti, tuut-jechi bu'uura a faaniifi barattootaaf bu'aa guddaa buusudha (f. 40). Haata'u malee, tuut-jecha barsiisuun baroota dheeraaf afaan barsiisuu keessatti xiyyeeffannoo osoo hinargatiin ture. Fakkeenyaaf, dhiyaannan jijjiirraa caaslugaa (grammar translation approach) tuut-jecha barsiisuuf hamma tokko yoo bakka kenneyyuu, dhiyaannan dhageettii dubbii (Audiolingual approach) garuu seerluga barsiisuurratti fuulleffata. Akka amantaa dhiyaannaa dhageettii dubbiitti, barattoonni yoo qindoomina seerlugaa dursanii hubatan, boodarra tuut-jecha baay'ee barsiisuun nidanda'ama. Kanarraa kan ka'e, baroota 1950-1960 yeroo dhiyaannan kun afaan barsiisuu keessatti bal'inaan dhimma itti ba'amaa turetti tuut-jecha barsiisuun irraanfatamaa ture. Garuu, baroota 1970moota keessa sababa dhiibbaa mala afaan waliigaltee barsiisuu (communicative language teaching method) irraa kan ka'e tuut-jecha barsiisuun hamma tokko foyya'insa agarsiisaa dhufe. Baroota 1970moota boodas haalli tuut-jecha barsiisuu baay'ee fooyya'e. Kunis, sababa dhiyaannan afaan waliigaltee barsiisuu

babal'ataa deemefidha (Nunan, 1991, Ff. 116-117). Yeroo ammaa kanas, haalli tuut-jecha barsiisuu fooyya'ee jira. Sababa isaas, fedhiin tuut-jecha barsiisuufi barachuu dabalaa waan deemef, akkasumas, faayidaa tuut-jecha barsiisuufi barachuun qabu hubatamaa dhufefidha (Richards & Renandya, 2002, f. 255). Ibsa olitti dhiyaatterraa akkuma hubatamu, tuut-jechi qabiyyeewwan afaanii keessaa tokko yoo ta'eyyuu, afaan barsiisuu keessatti yeroo dheeraaf dagatamaa ture. Haata'u malee, yeroo ammaa sababa fedhiin tuut-jecha barsiisuufi barachuu dabalaa deemefi faayidaan isaa hubatamaa dhufef haalli tuut-jecha barsiisuu fooyya'ee jira.

Garuu, har'allee sababni guddaan afeewwan dubbifamaniifi ibsa daree keessatti kennamu hubachuu dadhabuu barattootaa beekumsa tuut-jecha barnootaa gadi aanaa ta'e qabaachuu isaaniiti. Kun immoo haala isaan tuut-jecha afaanichaa ittiin barsiifaman irraa madduu mala (Choudaraju, 2017, f.1470). Yaadni kun kan argisiisu, ka'umsi guddaan barattoonni yeroo ammaa yaada barreeffamaafi ibsa daree keessatti kennamu hubachuu dadhabuu beekumsa tuut-jechaa ga'aa ta'e dhabuudha. Beekumsa kana horachuuf immoo gilgaalonni tuutjecha barsiisuu ga'ee olaanaa qabu. Kanaaf, gilgaalota beekumsa tuut-jechaa

Taasisaa K. fi Kb

garaa garaa barattoota shaakalsiisan kitaaba keessatti hammachiisuun barbaachisaadha. Gilgaalonni tuut-jecha barsiisuu kitaabota afaanii keessatti dhiyaatan hammam beekumsa tuut-jechaa adda addaa haala ga'umsa qabuun akka barsiisan adda baasuuf qorannoo irratti geggeessuun murteessaadha. Haata'u malee, amma qorataan kun sakatta'ee hubatetti, qorannoon kallattiin dhimma gilgaalonni tuut-jecha barsiisuu kitaabota barnoota Afaan Oromoo kutaa 5-8 keessatti dhiyaatan hammam beekumsa tuut-jechaa adda addaa haala ga'umsa qabuun akka barsiisan adda baasuurratti hanga yoonaatti geggeeffame hinjiru.

Garuu qorannoowwan mataduree kanaa wajjin firooma qaban sadarkaa digirii lammaffaatti geggeeffaman muraasni nijiru. Isaanis Fiqaaduu (2007) 'Qaaccessa dalagaalee jechoota Afaan Oromoo akka afaan dhalootaatti barachuufi barsiisuu: manneen barnootaa olaanaa sadarkaa 2^{ffaa} kutaa 10 Biiptuu Naqamtee, Arjoofi Gatamaarratti', Yittaayyaal (2012) 'Xiinxala tooftaawwan hiika jechoota Afaan Oromoo barsiisuu: manneen barnootaa sadarkaa 2^{ffaa} Arjoofi Gomboo kutaa 10^{ffaa} xiyyeeffachuun', Taadewoos (2016) 'Xiinxala hojiirra oolmaa hiika jechoota Afaan Oromoo kutaa 10^{ffaa} barsiisuu,' Sisaay (2016) 'Xiinxala

Jor. Dil. Qor. Amajjii-Waxabajji 2024, 2(1):83-109

dhiyaannaafi tooftawwan hiika jechootaa barsiisuu kitaaba barnootaa Afaan Oromoo kutaa 10^{ffaa},' jedhamanidha. Qorannoowwan kunneen dhimmoota dalagaalee jechoota barachuufi barsiisuu, dhiyaannaafi tooftawwan hiika jechootaa barsiisuu, akkasumas, hojiirra oolmaa hiika jechoota Afaan Oromoo barsiisuu kitaaba barnootaa Afaan Oromoo kutaa 10^{ffaa} fuulleffachuun geggeeffamaniiru. Haata'u malee, qorannoowwan kunneen dhimmoota ga'umsa gilgaalonni kitaabota Afaan Oromoo kutaa 5-8 beekumsa tuut-jechaa adda addaa shaakalsiisuurratti qaban hinilaalle. Kanaaf, qoratichi qaawwa kana guutuuf dhimma kana qorachuun adda baasee yaada furmaataa kennee jira. Gaaffileen bu'uura qorannichaas 1) Gosoonni gilgaalota tuut-jecha barsiisuu kitaabota Afaan Oromoo kutaa 5-8 keessatti dhiyaatan maal maali? 2) Gilgaalonni tuut-jecha barsiisuu kunneen hammam beekumsa tuut-jecha adda addaa barattoota shaakalsiisu? kanneen jedhamanidha.

2. Sakatta'a Barruuwwan Walfakkii

2.1. Yaadxinawwan Bu'uura Qorannichaa

Yaadxinni bu'uura qorannoo kanaa yaadxina hubannoo (cognitive theory)ti. Akka yaadxina hubannootti barachuun si'aayinaan hirmaachuu gaafata. Akkasumas, barataan waan haaraa baratu tokko muuxannoo duraan

Taasisaa K. fi Kb

qabu waliin walqabsiisee hubata. Kana jechuunis barnoonni kan baratamu danda’u yoo caasaalee beekumsaa barataan duraan beekuu wajjin walqabatedha. Kanaafuu, akka yaada kanaatti barachuun adeemsa barataan muuxannoo qabuufi waan haaraa baratu waliin walqabsiisuun hubachuuti. Akkasumas, akka yaadxina kanaatti barnoonni bakka galumsaarratti xiyyeeffachuu qaba. Itti dabalees, barachuun yaada ibsame tokkoof hiika haaraa kennuudha. Kana malees, barachuun beekumsa dagaagsuun odeeffannoo kuusuufi qindeessuun gamatti adeemsa hubannoofi to’annoo ofkeessaa qaba (Scarino & Liddicoat, 2009, f. 26; Harmer, 1991, f. 32). Ibsa kanarraa akkuma hubatamu, barachuun dammaqinaan hirmaachuu, muuxannoo ofiin walqabsiisuu, bakka galumsaatti fayyadamuufi waan haaraa baratamuuf hiika kennuu danda’uudha. Akkasumas, barachuun beekumsa horachuun cinatti adeemsa waan baratame tokko hubachuufi to’achuuti. Qabxiileen kunneen immoo tuut-jecha barsiisuufi barachuu keessattis shoora guddaa qabu. Sababni isaas tuut-jecha barsiisuun muuxannoo barattootaan walqabsiisuu, bakka galumsaatti fayyadamuu, barattoonni jechoota barataniif hiika mataa ofii kennuufi itti gargaaramuu ofkeessatti waan qabatuufidha. Dhimma kana galmaan ga’uufis gilgaalonni

Jor. Dil. Qor. Amajjii-Waxabajji 2024, 2(1):83-109

tuut-jecha barsiisuu dhimma kana bu’ureeffachuun qophaa’uutu irra jira.

Gabaabumatti, yaadxinni hubannoo barnoota keessatti shoora mataa isaa qaba. Yaadxinni kun ga’ee hirmaannaan barattootaa barnoota keessatti qabu ibsa. Akkasumas, yaadxinni kun barnoonni muuxannoo ofiin walqabsiisuun akka barbaadu eera. Kana galmaan ga’uuf immoo gilgaalonni tuut-jecha barsiisuu dhimmoota kana bu’ureeffachuun qophaa’uu qabu. Kanaaf, qoratichi yaadxina kana bu’uura taasifachuun ga’umsa gilgaalonni kitaabota barnoota Afaan Oromoo kutaa 5-8 beekumsa tuut-jechaa adda addaa barsiisuurratti qaban xiinxaluun ibsee jira.

2.2.Tuut-jechaa Barsiisuufi Barachuu

Tuut-jechi jecha Afaan Oromoo tuutaafi jecha jedhamanirraa uumame. Yaadni isaas tuuta jechoota afaan tokko keessatti argamaniiti. Yaada kana Hornby and Crowther (1995) yommuu ibsan, “Vocabulary is the total number of words in a language, or all the words known to a person or used in a particular book, subject etc” (f. 1331) jedhu. Waraabbii kanarraa kan hubatamu, tuut-jechi waliigala jechoota afaan tokko keessatti argamanii yookiin jechoota namni tokko beekuu yookiin kan kitaaba, gosa barnootaafi

Taasisaa K. fi Kb

kan kana fakkaatan murtaa'aa ta'e tokko keessatti tajaajilu ta'uu isaati.

Tuut-jecha barsiisuun immoo beekumsa tuut-jechaa barattoota horachiisuuf gargaara. Beekumsi jechaa kunis qabxiilee adda addaa beekuu ofkeessatti hammata. Yaada kana Choudaraju (2017, f. 1471) akka ibsetti, beekumsi jechaa waa'ee jechichaa waan baay'ee beekuu ofkeessatti qabata. Kunis hiika kallattii, hiika alkallattii adda addaa, haala qubeeffamasaa, uumamaa isaa, jechoota waliin deemu, irra deddeebii isaa, haala itti sagaleeffamu, caasaa inni irraa ijaarame, dhamjechoota adda addaa maxxanfachu danda'uufi hiika hariiroo adda addaa jechichaa beekuudha.

Kanaaf, tuut-jecha barsiisuun qabxiilee adda addaa barsiisuu ofkeessatti hammata. Yaada kana Ur (1991) akka barreessetti, tuut-jecha barsiisuun unka jechaa, seerluga jechaa, jechoota jechi sun waliin deemu, hiika jechaa, hiika hariiroofi ijaarsa jechaa barsiisuu ofkeessatti hammata. Unkaan jechaa akkaataa jechi tokko itti qubeeffamuufi sagaleeffamu ibsa. Seerlugni jechaa immoo seera jechi sun ittiin to'atamu eera. Gama biroon jechoonni waliin deeman jechoota jechi tokko waliin tajaajilu ibsa. Kanaaf, jechi tokko jechoota akkam akkamii waliin akka deemu barsiifamuun barbaachisaadha. Hiikni jechaa

Jor. Dil. Qor. Amajjii-Waxabajji 2024, 2(1):83-109

immoo hiika kallattii, hiika alkallattii/dhokataafi filatamummaa hiika jechichaa eera. Karaa biroo hiikni hariiroo hiika walfakkii, hiika faallaafi hiika yaadrimee waliigalaa (hyponyms)ti. Ijaarsi jechaa immoo qaamolee jechi tokko irraa ijaarameefi akkamittis akka ijaaramuu danda'u ibsa. Ijaarsa jechaa keessaayyuu barattoota sadarkaa olaano barsiisuu gaariidha. Akkasumas, hiika dhamjechoota beekamoo barsiisuun akka barattoonni hiika jecha tokkoo dhamjecha murtaa'aa jechi tokko maxxanfateerraa tilmaaman taasisuun nidanda'ama (Ff. 60-62).

Yaada olitti dhiyaatteraa kan hubatamu, tuut-jecha barsiisuun qabxiilee garagaraa barsiisuu kan ofkeessatti hammatu ta'uu isaati. Kunis unka jechaa, seerluga jechaa, jechoota jechi sun waliin deemu, hiika jechaa, hiika walitti dhufeenyaafi ijaarsa jechaati. Kanaaf, tuut-jecha barsiisuu keessatti qabxiilee kamtu sadarkaa kamitti akka baratamuu danda'an adda baasuun barsiisuun barbaachisaadha. Kana jechuunis qabxiileen kanneen sadarkaafi dandeettii barattootaa waliin walsimsiisuun barsiisuu jechuudha. Sababni isaas qabxiilee tokko tokko barattoota sadarkaa gadii barsiisuuf yommuu mijatan, kanneen biroo immoo barattoota sadarkaa olaano barsiissuuf mijatu.

Taasisaa K. fi Kb

Tuutjechi dhiyaannaawwan garaa garaatti gargaaramuunn barsiifamuu danda'a (Richards & Rodgers, 2001, f. 132). Haata'u malee, dhiyaannaawwan tuut-jecha barsiisuu keessaa dhiyaannaa filatamaadha jedhamu hinjiru. Sababni isaas filatamummaan dhiyaannaa tuut-jecha barsiisuu sadarkaa barattootaa, tuut-jecha barsiifamuun barbaadame, sirna barnootaa biyya tokkoo yookiin sirna barnootaa mana barnootaa tokkoofi kan kana fakkaatu irratti hundaa'a (Schmitt, 2000, f. 142). Yaada kanarraa kan hubatamu, dhiyaannawwan tuut-jecha barsiisuu adda addaa barattoota sadarkaa garaa garaa barsiisuuf kan oolan ta'uu isaaniiti.

Dhiyaannaawwan tuut-jecha barachuufi barsiisuuf oolan kunneenis gurguddaan lamatu jiru. Isaanis dhiyaannaa itti yaadanii barsiisuufi akka tasaa barachuuti (Schmitt, 2000, Ff. 145-146). Gama biroon Richards and Renandya (2002) dhiyaannaawwan itti yaadanii barsiisuufi akka tasaa barachuutti tarsiimoo ofdandeessisuu dagaagsuu dabalaniiru (f. 258). Yaadni olitti dhiyaate kan argisiisu dhiyaannaawwan tuut-jecha barsiisuufi barachuu lamaafi tarsiimoon ofdandeessisuu jiraachuu isaaniiti.

Dhiyaannaan itti yaadanii barsiisuu odeffannoo baratamuun barbaadame tokko irratti xiyyeeffachuun tuut-jecha barsiisuudha. Dhiyaannaan kun afaan barachuu keessatti

Jor. Dil. Qor. Amajjii-Waxabajji 2024, 2(1):83-109

ga'ee guddaa qaba. Haata'u malee, dhiyaannaa kanaan tuut-jecha afaan tokkoo barachuun yeroo dheeraa namatti fudhata. Akkasumas, dhiyaannaa kanaan tuut-jecha ga'aa ta'e barachuunis ni ulfaata (Schmitt, 2000, f. 120). Yaada kana Richards and Renandya (2002) gama isaaniin akka ibsanitti, dhiyaannaan itti yaadanii barsiisuu tuut-jecha barattoonni barachuu qaban adda baasuu yookiin filachuu, tuut-jecha sana jalqaba barsiisuu, akka barattoonni beekumsa tuut-jecha sanaa gadifageenyaan horataniifi itti fayyadamaniif shaakalsiisuu ofkeessatti hammata (f.258). Ibsii kun dhiyaannaan itti yaadanii barsiisuu odeeffannoo baratamuun barbaadame tokko irratti hundaa'uun tuut-jecha barsiisuu ta'uu argisiisa. Kunis tuut-jecha baratamuun barbaadame adda baasuu, barsiisuufi barattoonni beekumsa tuut-jecha barbaadame gadifageenyaan akka horataniifi itti fayyadamaniif shaakalsiisuudha.

Yaada kana Abate (2013) akka ibsetti, dhiyaannaa itti yaadanii yookiin kallattiin tuut-jecha barsiisuun hiika baay'ee tuut-jecha muraasa ta'anii barsiisuu, hiika walitti dhufeenyaa jechootaa kanneen akka hiika walfakkiifi hiika faallaa, akkasumas, jechootaa yaadrimee isaaniin gurmeessuun (fakkeenyaaf, jechoota yaadrimee walfakkaataa qaban walitti fiduun)fi garee jechootaa barsiisuudha (f. 40).

Dhiyaannaa itti yaadanii jechoota barsiisuu kunis barattoota hunda gargaaruu danda'a. Addumaan immoo barattoota sadarkaa gadiifi giddu galeessaa kanneen hubannoo tuut-jechaa xiqqoo qaban barsiisuuf baay'ee gargaara (Thornbury, 2002). Yaada armaan olirraa kan huabatamu, dhiyaannaan itti yaadanii tuut-jecha barsiisuu odeeffannoo barsiifamuun barbaadame tokko karoorsanii barsiisuudha. Dhiyaannaa kanaan tuut-jecha barsiisuunis barattoota hunda gargaaruu danda'a. Haata'u malee, barattoota sadarkaa gadiifi giddu galeessaa kanneen hubannoo tuut-jechaa gadaanaa ta'e qaban barsiisuuf baay'ee tajaajila.

Qajeelfamoota jechoota dhiyaannaa itti yaadanii barsiisuu keessaa inni tokko jecha haaraa jechoota duraan beekamaniin walqabsiisuun barsiisuudha. Inni biroon immoo hiika jechichaa barsiisuudha. Haata'u malee, afaanota hedduu keessatti jechoonni baay'een hiika danuu waan qabaniif hiika jechichaa kan barattoonni bal'inaan itti gargaaramuu danda'an barsiisuun barbaachisaadha. Akkasumas, jechoota tokko tokkoon barsiisuurra maatii isaaniin barsiisuunis murteessaadha (Schmitt, 2000, Ff. 146-148). Yaada kanarraa kan hubatamu, dhiyaannaan itti yaadanii tuut-jecha barsiisuu qajeelfamoota mataa isaa kan qabu ta'uu isaati.

Kunis jechoota haaraa muuxannoo barattootaan walqabsiisuufi hiika jechootaa barattoonni bal'inaan itti gargaaramuu danda'an barsiisuu, akkasumas, jechoota qofa qofaatti barsiisuurra maatii isaaniin barsiisuudha.

Dhiyaannaan akka tasaa tuut-jecha barachuu immoo waliin dubbii keessa barachuudha. Innis yeroo tokkotti faayidaa lama argamsiisa. Kunis faayidaa waliigalteefi faayidaa jecha barachuuti. Haata'u malee, dhiyaannaa kanaan tuut-jecha barachuun irra caalaa suuta jedhaadha. Akkasumas, dhiyaannaa kana keessatti tuut-jecha xiyyeeffannoo itti kennuun barachuun hinjiru. Dhiyaannaan kanaan tuut-jecha barachuun tuut-jecha afaan dhalootaa barachuu keessatti baay'ee beekamaadha (Isuma). Ibsa kanarraa kan hubatamu, dhiyaannaan akka tasaa tuujecha barachuu osoo itti hinyaadiiniifi hinkaroorfatiin waliin dubbii taasifamu keessa kan baratamudha. Dhiyaannaa kanaan tuut-jecha barachuu keessatti xiyyeeffannoo itti kennuun hinjiru. Dhiyaannaan kun irra caalaa tuut-jecha afaan dhalootaa baruu keessatti tajaajila. Yaada kana kan cimsu Richards and Renandya (2002) akka ibsanitti, dhiyaannaa akka tasaan tuut-jecha barachuun barattoonni carraa bal'inaan dubbisuufi dhaggeeffachuu argachuu barbaada (f.258). Ibsa kanarraa akkuma hubatamu,

dhiyaannaa akka tasaan tuut-jecha barachuutti dhimma ba'uun dura barattoonni afaanichatti saaxilamoo ta'uufi dhiisuu isaanii adda baafachuun murteessaa ta'uu isaati. Kunis barattoonni dubbattoota afaanichaa argachuu danda'uu isaanii mirkaneeffachuu jechuudha. Yoo barattoonni carraa dubbattoota afaanichaa argachuu hinqaban ta'e, barsiisonni akkaisaan dubbisa bal'aa dubbisaniifi wantoota waraabaman, akkasumas, sabquunnamttiilee afaanichaa akka dhaggeeffatan taasisuu qabu.

Sagantaa tuut-jecha barachuufi barsiisuu keessatti dhiyaannaawwan lamaan kunneen haala walmadaalaa ta'een hammatamuu qabu. Garuu, barattoota afaan tokko reefuu barachuu eegalaniif amma isaan tuut-jecha yaada isaanii ittiin ibsatan gabbifatanitti tuut-jecha hunda itti yaadanii xiyyeeffannoon barsiisuun murteessaadha. Sana booda garuu dhiyaannaa akka tasaa barachuuttis fayyadamuun nibarbaachisa (Schmitt, 2000, Ff. 146-148). Yaada kanarraa kan hubatamu, dhiyaannaawwan itti yaadanii barsiisuufi akka tasaa barachuun sadarkaafi haala keessatti tajaajilan kan mataa isaanii yoo qabaatanillee yeroo barattoonni tuut-jecha yaada isaanii ittiin ibsatan horatan walitti makuun itti gargaaramuun murteessaa ta'uu isaaniiti.

Tarsiimoo ofdandeessisuu guddisuun karaa tuut-jechi ittiin barsiifamu keessaa isa

biroota. Tarsiimoo kanaan tuut-jecha barsiisuuf dursa barattoonni afaanichatti saaxilamoo ta'uu isaanii adda baafachuun murteessaadha. Yoo barattoonni afaanichatti saaxilamoo miti ta'e, barsiisaan haala mijeessuutu isarraa eegama. Kunis, akka barattoonni dubbisa bal'aa dubbisan taasisuun carraa tuut-jecha akka tasaa barachuu isaaniif uumuudha (Schmitt, 2000, Ff. 149-150). Barattoonni tarsiimoo ofdandeessisuun tuut-jecha akka barataniif immoo maloota adda addaatti fayyadamuun murteessaadha. Kunis tuut-jecha bakka galumsaarraa barachuu akka shaakalan taasiisuufi galmee jechootaatti akka fayyadaman gochuu ofkeessaatti hammata. Galmeen jechootaa sababa tuut-jecha barachuurratti faayidaa battalaa qabuuf haala itti fayyadama isaarratti barattootaaf sadarkaa gadii irraa kaasanii hubannoo kennuun barbaachisaadha (Richards & Renandya, 2002, f.258). Ibsa kanarraa akkuma hubatamu, tarsiimoon ofdandeessisuu akka barattoonni ofdanda'anii ofii isaanii tuut-jecha haaraa baratan taasisuudha. Kunis barattoonni tuut-jecha bakka galumsaarraa barachuu akka shaakalan gochuufi galmee jechootaatti akka fayyadaman taasisuudha.

Yaada hayyoota armaan olirraa kan hubatamu, dhiyaannaawwan itti yaadanii tuut-jecha barsiisuufi akka tasaa barachuu kanneen

hubannoo barattootaarratti hundaa'uun qofa qofatti yookiin walitti makuun itti fayyadamuun barbaachisaa ta'uu isaati. Fakkeenyaaf, barattoota afaan tokko reefuu barachuu eegalan amma isaan tuut-jecha yaada isaanii ittiin ibsatan horatanitti dhiyaannaa itti yaadanii barsiisuutti gargaaramuun barsiifamuu qabu. Garuu yeroo isaan tuut-jecha yaada isaanii ittiin ibsatan horatanitti dhiyaannawwan itti yaadanii barsiisuufi akka tasaa barachuu bakka barbaachisaa ta'etti walitti makuun itti fayyadamuun murteessaadha. Kana malees, tarsiismoo ofdandeessisuu guddisuutti dhimma ba'uunis nibarbaachisa. Gabaabumatti, dhiyaannaawwan tuut-jecha barsiisuu kanneen akka barbaachisummaa isaanitti qofa qofaan yookiin walitti makuun itti gargaaramuun dandeettii tuut-jecha barattootaa gabbisuuf gaarii ta'a.

Barattoonni tuut-jecha haaraa dhiyaannawwan garaa garaafi tarsiimoo ofdandeessisuu guddisuun baratan akka hubataniif immoo dandeettiiwwan afaanii adda addaa (dhaggeeffachuu, dubbachuu, dubbisuufi barreessuu) keessatti akka shaakalaniif carraa isaanii kennuun barbaachisaa ta'a (Baker et al, 2014, f. 18). Ibsa kanarraa akkuma hubatamu, barattoonni tuut-jecha haaraa baratan dandeettiiwwan afaanii garaa garaa

keessatti shaakalsiisuun murteessaa ta'uu isaati. Kana jechuunis gilgaala barattoonni tuut-jecha baratan ittiin shaakalan jiraachuu qaba jechuudha.

Gilgaalli shaakala barattoonni dandeettii yookiin beekumsa tokko horachuuf raawwatanidha. Yaada kana Hornby and Crowther (1995) akka barreessanitti, gilgaalli gocha yookiin shaakala qaama/sammuu leenjisuuf gargaarudha (f. 401). Yaadni kun gilgaalli gocha barattoonni dandeettii tokko gonfachuuf raawwatan ta'uu mul'isa. Gilgaalli wantoota kitaaba barataa keessattuu kitaaba afaanii guutuu taasisan keessaa isa tokkodha. Kana jechuunis kitaabni barataa keessattuu kitaabni afaanii guutuu ta'uuf wantoota inni ofkeessatti hammachuu qabu keessaa tokko gilgaalota dandeettiiwwan afaanii garaa garaa shaakalsiisanidha. Gilgaalota jiran keessaa immoo kanneen tuut-jecha barsiisuuf oolan isaan tokkodha (Nation, 2005, f. 51). Ibsi kun kitaabni barataa keessayyuu kitaani afaanii guutuu ta'uuf wantoota inni ofkeessatti hammachuu qabu keessaa tokko gilgaalota dandeettiiwwan afaanii garaa garaa shaakalsiisan ta'uu isaati. Gilgaalota dandeettiiwwan afaanii barsiisan keessaa tokko immoo kanneen tuut-jecha barsiisuuf oolanidha.

Taasisaa K. fi Kb

Gilgaalli tuut-jecha barsiisuu gaariinis kan jechoota faayidaa qabeeyyii keessaayyuu jechoota irra deddeebii guddaa qabanirratti xiyyeeffate, kaayyoo bu'a qabeessa ta'e kan qabu, barattoonni tuut-jecha baratan akka itti fayyadaman kan taasisuufi kkfdha. Gosoonni gilgaalota tuut-jecha barsiisuuf baay'inaan dhimma itti ba'amanis walitti firoomsii, bakka duwwaa guutuu, xiinxala hiikaa, hundee jechaafi fufiilee hubachuu fa'i (Nation, 2005, f. 51), Ibsa kanarraa kan hubatamu, gilgaalli wantoota kitaaba barataa keessatti hammatamuu qaban keessaa isa tokkoofi gosa adda addaa kan qabu ta'uu isaati. Gilgaalonni kunneenis akka bal'inaan tuut-jecha shaakalsiisuu danda'anitti qophaa'uutu irra jira. Kana jechuunis haala beekumsa tuut-jechaa garaa garaa barattoota shaakalsiisuu danda'aniin dhiyaachuu qabu jechuudha.

3. Malleen Qorannichaa

Qorannoo kun saxaxa ibsaatti fayyadamuun geggeeffamee jira. Malli qorannoo kana keessatti dhimma itti ba'ame immoo mala makaati. Sababni malli kun filatameefis ragaaleen qorannoo kanaa lakkoofsaafi jechaan waan ibsamaniifidha. Maddi ragaalee qorannichaas madda ragaa tokkoffaafi lammaffaadha. Maddi ragaa tokkoffaan KBAO kutaa 5-8 yommuu ta'u, maddi ragaa

Jor. Dil. Qor. Amajjii-Waxabajji 2024, 2(1):83-109

lammaffaa immoo barsiistota Afaan Oromoo kutaa 5-8fi qaama sirna barnoota Afaan Oromoo qopheessudha. Malli iddatteessuu qorannoo kanaas mala miti carraa keessaa kaayyeffataafi ammargeedha. Mala kaayyeffataatti gargaaramuun KBAO kutaa 5-8 filataman. Sababni KBAO kutaa 5-8 kun filatamaniifis sadarkaan kun bakka itti barattoonni beekumsa bu'uura tuut-jechaa itti horataniifi afaanichi bal'inaan afaan barnootaa ta'ee tajaajilaa jiru waan ta'eefidha. Akkasumas, barsiistonni Afaan Oromoo manneen barnootaa sadarkaa 1^{ffaa} bulchiinsa magaalaa Amboo dhiira 2fi dubartii 10 ida'ama 12fi qaama sirna barnootaa qopheessu dhiira 1fi dubartii 1 ida'ama 2 ta'an immoo lakkoofsaan muraasa waan ta'aniif mala iddatteessuu ammargeetti fayyadamuun filatamanii ragaan irraa funaanameera.

Tooftaaleen funaansa ragaa qorannichaas xiinxala dookimantiifi afgaaffii turan. Qoratiichi xiinxala dookimantii kana geggeessuuf dursa qabxiilee mirkaneeffannaa qopheeffateera. Itti aansuun, qabxiilee kanatti fayyadamuun KBAO kutaa 5-8 dubbisuun gilgaalota tuut-jecha barsiisuu kitaabota kanneen keessatti hammataman adda baaseera. Akkasumas, barsiistota Afaan Oromoofi qaamota sirna barnootaa Afaan Oromoo qopheessan waliin gaaffiifi deebii

Taasisaa K. fi Kb

taasisuun ragaan walitti qabatee jira. Dhumarrattis, ragaaleen haala kanaan walitti qabaman qindeessuun mala makaatti fayyadamuun xiinxaleera.

4. Dhiyeessaafi Xiinxala Ragaalee

4.1. Gilgaalota Tuut-jecha Barsiisuu KBAO

Kutaa 5-8

Mataduree kana jalatti gilgaalonni tuut-jecha barsiisuu KBAO kutaa 5-8 keessatti hammadaman sakatta'amuun haala armaan gadiin bifa gabatee, giraafiifi ibsaan dhiyaachuun xiinxalamaniiru.

4.1.1. Gilgaalota Tuut-jecha Barsiisuu

KBAO Kutaa 5

Jor. Dil. Qor. Amajjii-Waxabajji 2024, 2(1):83-109

Mataduree kana jalatti gilgaalota tuut-jecha barsiisuu KBAO kutaa 5 keessatti dhiyaatan adda baasuufi gilgaalonni kunneenis hammam beekumsa adda addaa tuut-jechaa akka barsiisan hubachuuf ragaaleen maddawwan adda addaarraa walitti qabaman haala armaan gadiin bifa gabatee, giraafiifi ibsaan dhiyaachuun xiinxalamaniiru.

Gabatee 1: Gilgaalota Tuut-jecha Barsiisuu KBAO Kutaa 5

Lak	Gosoota Gilgaalota Tuut-jecha Barsiisuu	Gil.	Fuula
1	Hiika bakka galumsaa jechootaa filachuu	3	5
	Jechoota hiika walfakkiin walitti firoomsuu	4	5
2	Jechootaaf hiika kennuun hima ittiin ijaaruu	3	16
3	Hiika bakka galumsaa jechootaa filachuu	3	29
	Jechoota kennamaniin hima ijaaruu	4	29
4	Hiika walfakkii jechootaa kennuu	3	36
	Jechoota hiikaan tokko ta'an walitti funaanuu	4	36
5	Jechootaa hiika walfakkiin/faallaa walitti firoomsuu	4	39
6	1. Hiika jechoota roga "A" jala jiranii kennuun addadduummaa isaan jechoota roga "B" jalaa waliin qaban hima ijaaruun agarsisuu 2. Jechoota lakkoofsa 1 irratti kennaman kan fakkaatan dubbisa dhiyaate keessaa shan baasuun barreessuu	3	42
7	Jechoota hiika bakka galumsaan walitti firoomsuun hiika	3	45

	kallattiifi hiika bakka galumsaa isaan qaban ibsuu		
8	Hiika galumsaa jechootaa kennuun hima ittiin ijaaruu	3	48
9	Jechoota hiika galumsaa walitti firoomsuu	5	52
10	Jechoota hiika galumsaan walitti firoomsuu	5	56
11	Jechootaafi gaaleewwan dhiyaataniif hiika walfakkii kennuu	4	62
12	Jechoota kennamaniin hima ijaaruu	3	64
13	Jechoota hiika galumsaan walitti firoomsuu	3	69
14	Hiika galumsaa jechootaa filachuu	4	76
	Jechootajala sararamaniif hiika galumsaa kennuu	5	76-77
	Gaaleewwan dhiyaatan hiikaan walitti firoomsuu	7	77
15	Jechootaaf hiika bakka galumsaa kennuu	3B	79

Ragaa Gabatee 1 armaan olii keessatti dhiyaateraa kan hubatamu, gilgaalonni tuut-jecha barsiisuu KBAO kutaa 5 keessatti dhiyaatan: hiika walfakkii jechootaafi gaaleewwanii kennuu yookiin walitti firoomsuu, hiika bakka galumsaa jechootaa filachuu/walitti firoomsuu yookiin kennuu, jechoota hiika faallaa qaban walitti firoomsuu, gaaleewwaniifi jechootaan hima ijaaruudha. Gabaabummatti, gilgaalonni tuut-jecha barsiisuu kitaabicha keessatti hammataman walitti firoomsuu, filannoo, ibsiifi hima ijaaruudha.

Gilgaalota tuut-jecha barsiisuu kitaabicha keessatti dhiyaatan 21 keessaas 19 (%90) hiika walfakkiifi hiika bakka galumsaa jechootaa barsiisuuf kan dhiyaatan yommuu ta'an, 2 (%10) immoo hima ijaaruu barsiisuurratti

fuulleffataniiru. Kun immoo gilgaalonni tuut-jecha barsiisuu kunneen baay'inaan hiika tuut-jechaa barsiisuurratti xiyyeeffachuu mul'iseera. Garuu, tuut-jecha barsiisuun hiika isaa qofa barsiisuu osoo hintaane qabxiilee hedduu barsiisuu ofkeessatti hammata. Qabxiileen tuut-jecha barsiisuu keessatti hammatamanis: unka jechaa, seerluga jechaa, jechoota jechi sun waliin deemu, hiika jechaa, hiika hariiroofi ijaarsa jechaa barsiisuu ofkeessatti hammata. Unkaan jechaa akkaataa jechi tokko itti qubeeffamuufi sagaleeffamu ibsa. Seerlugni jechaa immoo seera jechi sun ittiin to'atamu eera. Gama biroon jechoonni waliin deeman jechoota jechi tokko waliin tajaajilu ibsa. Kanaaf, jechi tokko jechoota akkam akkamii waliin akka deemu barsiifamuun barbaachisaadha. Hiikni jechaa immoo hiika kallattii, hiika

Taasisaa K. fi Kb


alkallattii/dhokataafi filatamummaa hiika jechichaa eera. Karaa biroo hiikni hariiroo hiika walfakkii, hiika faallaafi hiika yaadrimee waliigalaa (hyponyms)ti. Ijaarsi jechaa immoo qaamolee jechi tokko irraa ijaarameefi akkamittis akka ijaaramuu danda'u ibsa. Ijaarsa jechaa keessaayyuu barattoota sadarkaa olaano barsiisuu gaariidha. Akkasumas, hiika dhamjechoota beekamoo barsiisuun akka barattoonni hiika jecha tokkoo dhamjecha murtaa'aa jechi tokko maxxanfateerraa tilmaaman taasisuun nidanda'ama (Ur, 1991).

Baay'inniifi gosti gilgaalota tuut-jecha barsiisuu kitaabicha keessatti dhiyaatan kanaas boqonnaa boqonnaatti garaagarummaa guddaa qabu. Kunis boqonnaawwan tokko tokko keessatti gilgaala gosa tokko qofatti si'a tokkoofi isaa ol irra deddeebiin kan dhimma itti ba'ame yommuu ta'u, boqonnaawwan kaan keessatti immoo gilgaalota tuut-jecha barsiisuu gosoota adda addaa hanga sadiitti gargaaramamee jira.

Gama biroon boqonnaawwan kitaabichaa 1, 3, 4, 5, 7, 8, 9, 11, 19, 23 fi 26 keessaa gilgaalli tuut-jecha barsiisuuf dhiyaates hinturre. Kun immoo boqonnaawwan kitaabaa kana 26 keessaa 11 (%42) gilgaalota tuut-jecha barsiisuu kan hinqabne ta'uu mul'iseera.

Jor. Dil. Qor. Amajjii-Waxabajji 2024, 2(1):83-109

Giraaftii 1: Gilgaalota Tuut-jecha barsiisuu KBAO kutaa 5



Ragaan giraaftii 1 olitti dhiyaate. dhibbeentaan gosoota gilgaalota tuut-jecha barsiisuu KBAO kutaa 5 keessatti dhiyaatanii garaagarummaa kan qaban ta'uu argisiiseera. Kunis filannoon (%16), walitti firoomsuun (%42), hima ijaaruun (%21)fi ibsiin (%21) ta'uu mul'iseera. Kun immoo gosoonni gilgaalota tuut-jecha barsiisuu kitaabichaa harki caalaan walitti firoomsuu ta'uu adda baaseera. Kanaaf, ragaan kun gosoonni gilgaalota tuut-jecha barsiisuu kitaabichaa haala walmaaduun akka hindhiyaanne argisiisa.

Gaaffii waa'ee gosoota gilgaalota tuut-jecha barsiisuu KBAO kutaa 5 kana barsiistonni Afaan Oromoo lakkoofsaan 4 ta'an gaafa 15/6/2013fi 22/6/2013 gaafatamanii akka deebisanitti, gosoonni gilgaalota tuut-jecha barsiisuu KBAO kutaa 5 keessatti hammataman: filannoo, walitti firoomsuu,

Taasisaa K. fi Kb

hima ijaaruufi ibsii yookiin barreessiidha. Ragaa kun ragaa xiinxala kitaabichaarraa argame cimseera.

Jor. Dil. Qor. Amajjii-Waxabajji 2024, 2(1):83-109

beekumsa adda addaa tuut-jechaa barsiisuurratti ga'umsa akka hinqabne adda ba'eera.

Gabaabumatti, xiinxala ragaalee adda addaa olitti taasifamerraa gosoonni gilgaalota tuut-jecha barsiisuu KBAO kutaa 5 keessatti hammataman: walitti firoomsuu, filannoo, ibsii fi hima ijaaru qofa ta'uu, gilgaalonni kunneenis beekumsa garaa garaa tuut-jechaa barsiisuurra hiika tuut-jechaafi gaaleewwan shaakalsiisuurratti kanneen xiyyeeffatanifi isaaniiyyuu boqonnaawwan kitaabichaa gartokko keessa immoo hinqophoofne. Kanaaf, gilgaalonni tuut-jecha barsiisuu KBAO kutaa 5 keessatti hammataman

4.1.2. Gilgaalota Tuut-jecha Barsiisuu KBAO Kutaa 6

Mataduree kana jalatti gilgaalota tuut-jecha barsiisuu KBAO kutaa 6 keessatti dhiyaatan adda baasuufi gilgaalonni kunneenis hammam beekumsa adda addaa tuut-jechaa akka barsiisan hubachuuf ragaaleen maddawwan garaa garaarraa walitti qabaman haala armaan gadiin bifa gabatee, giraafiifi ibsaan dhiyaachuun xiinxalamaniiru.

Gabatee 2: Gilgaalota Tuut-jecha Barsiisuu KBAO Kutaa 6

Lak.	Gosoota Gilgaalota Tuut-jecha Barsiisuu	Gil.	Fuula
1.	Jechootaan bakka duwwaa guutuu	3	5-6
2.	Jechoota hiika galumsaan walitti firoomsuu	4	8
	Jechootaaf hiika galumsaa kennuu	5	8
3.	Hiika jechootaa dubbisa keessaa barbaaduu	3	16
4.	Jechoota hiika walfakkiin walitti firoomsuu	3	22
	Xumura sirriin bakka duwwaa guutuu	4	22
5.	Jechootaaf hiika galumsaa kennuu	4	27
6.	Jechoota hiika walfakkiin walitti firoomsuu	5	31
	Jechootaan bakka duwwaa guutuu	6	31
	Jechootaan hima ijaaru	7	31
7.	Hiika galumsaa jechootaa filachuu	3	35
	Hiika jechoota jala muramaniirratti mari'achuu	7	36

8.	Hiika galumsaan walitti firoomsuu	3	38
9.	Jechootaan hima ijaaruu	3	42
10.	Hiika jechoota jala sararamanii irratti mari'achuu	3	48
11.	Hiika galumsaa gaaleewwan irratti mari'achuu	5	53
12.	Hiika jechootaa dubbisa keessaa barbaaduu	3	55
13.	Hiika faallaa jechoota hima keessatti jala sararamanii kennuu	4	59
14.	Jechoota hiika walfakkiin walitti firoomsuu	3	69
	Hiika bakka galumsaa jechootaa kennuu	6	69
	Hiika galumsaa jechootaa filachuu	7	70
15.	Hiika galumsaa jechootaa filachuu	2	77-78

Ragaa Gabatee 2 armaan olii keessatti dhiyaatterraa kan hubatamu, gilgaalonni tuut-jecha barsiisuu KBAO kutaa 6 keessatti hammataman: jechoota hiika walfakkiin walitti firoomsuu, hiika bakka galumsaa jechootaa yookiin gaaleewwanii filachuu/walitti firoomsuu/kennuu yookiin irratti mari'achuu, jechootaan bakka duwwaa guutuufi hima ijaaruudha. Gabaabummatti, gosoonni gilgaalota tuut-jecha barsiisuu kitaabicha keessatti hammataman walitti firoomsuu, filannoo, bakka duwwaa guutuu, ibsiifi hima ijaaruudha.

Gilgaalota tuut-jecha barsiisuu kitaabicha keessatti hammataman 22 keessaa 16 (%73) hiika walfakkiifi bakka galumsaa tuut-jechaa

barsiisuu, 3 (%14) bakka duwwaa guutuu, 2 (%9) hima ijaaruufi 1 (4%) immoo hiika faallaa tuut-jechaa barsiisuurratti


xiyyeeffataniiru. Kun immoo gilgaalonni tuut-jecha barsiisuu kitaabichaa baay'inaan hiika tuut-jechaa barsiisuurratti xiyyeeffachuu argisiisee jira. Haata'u malee, tuut-jecha barsiisuun hiika isaa qofa barsiisuu miti. Kanaaf, qabxiileen tuut-jecha barsiisuu keessatti hammatamuu qaban: unka jechaa, seerluga jechaa, jechoota jechi sun waliin deemu, hiika jechaa, hiika hariiroofi ijaarsa (Ur, 1991).

Baay'inniifi gosti gilgaalota tuut-jecha barsiisuu kitaabichaas boqonnaa boqonnaatti garaagarummaa guddaa qabu. Kunis boqonnaawwan tokko tokko keessatti gilgaala tuut-jecha barsiisuu gosa tokkotti yeroo tokkoofi isaa ol kan dhimma itti ba'ame yoo ta'u, kaan keessatti immoo gilgaalota gosa adda addaa hanga sadii ta'anitti dhimma ba'amee jira.

Taasisaa K. fi Kb

Gama biroon boqonnaawwan kitaabichaa gartokko keessaa immoo gilgaalonni tuut-jecha barsiisuu qophaa'anii hinjiran. Kunis boqonnaawwan 1, 4, 5, 7, 14, 19, 20, 22, 23 fi 25 keessaa gilgaalli tuut-jecha barsiisuu dhiyaate hinturre. Kun immoo boqonnaawwan kitaabichaa 25 keessaa 10 (%40) keessaa gilgaalli tuut-jecha barsiisuu kan hinjirre ta'uu mul'isa.

Giraafii 2: Gilgaalota Tuut-jecha barsiisuu KBAO kutaa 6



Ragaan giraafii 2 olitti dhiyaate. dhibbeentaan gosoota gilgaalota tuut-jecha barsiisuu KBAO kutaa 6 keessatti dhiyaate addaddummaa kan qabu ta'uu mul'iseera. Kuni filannoon (%13), walitti firoomsuun (%20), bakka duwwaa guutuun (%13), hima ijaaruun (%13) fi ibsiin (%41) ta'uu argisiiseera. Kun immoo gosoonni gilgaalota tuut-jecha barsiisuu kitaabicha keessatti dhiyaatan keessaa harki caalaan ibsii

Jor. Dil. Qor. Amajjii-Waxabajji 2024, 2(1):83-109

ta'uu adda baaseera. Kanaaf, ragaan kun gosoonni gilgaalota tuut-jecha barsiisuu haala walmaaduun kitaabicha keessatti kan hindhiyaanne ta'uu mul'iseera.

Gaaffii waa'ee gosoota gilgaalota tuut-jecha barsiisuu kanaa barsiistonni Afaan Oromoo lakkoofsaa 4 ta'an gaafa 15/6/2013 fi 19/6/2013 gaafatamanii akka deebisanitti, gosoonni gilgaalota jechoota barsiisuu KBAO kutaa 6 keessatti hammataman: filannoo, walitti firoomsuu, bakka duwwaa guutuu, hima ijaaruufi ibsii yookiin barreessidha. Ragaan kun ragaa xiinxala kitaabicharraa argame cimseera.

Dimshaashumatti, xiinxala ragaalee adda addaa olitti taasifamerraa, gilgaalonni tuut-jecha barsiisuu KBAO kutaa 6 keessatti hammataman: walitti firoomsuu, filannoo, bakka duwwaa guutuu, ibsiifi hima ijaaruu qofa ta'uu, gilgaalonni kunneenis beekumsa tuut-jechaa garaa garaa barsiisuurra hiika tuut-jechaafi gaaleewwan shaakalsiisuurratti kanneen xiyyeeffatanifi isaaniyyuu boqonnaawwan kitaabichaa gartokko keessa immoo hinqophoofne. Kanaaf, gilgaalonni tuut-jecha barsiisuu KBAO kutaa 6 keessatti hammataman beekumsa adda addaa tuut-jechaa barsiisuurratti ga'umsa akka hinqabne adda ba'eera.

4.1.3. Gilgaalota Tuut-jecha Barsiisuu KBAO Kutaa 7

Mataduree kana jalatti, gilgaalota tuut-jecha barsiisuu KBAO kutaa 7 keessatti dhiyaatan adda baasuufi gilgaaloonni kunneenis hammam beekumsa garaa garaa tuut-jechaa

akka barsiisan hubachuuf ragaaleen maddawwan adda addaarraa funaanaman haala armaan gadiin bifa gabatee, giraafiifi ibsaan dhiyaachuun xiinxalamaniiru.

Gabatee 3: Gilgaalota Tuut-jecha Barsiisuu KBAO Kutaa 7

Boq.	Gosoota Gilgaalota Tuut-jecha Barsiisuu	Gil.	Fuula
1.	Hiika galumsaa jechootaa filachuu	3	2
	Hiika galumsaa jechootaa ibsuu	4A	2-3
	Jechootaan hima ijaaruu	6	3
2.	Jechoota hiika walfakkiin walitti firoomsuu	4	7
	Jechoota hiika faallan walitti firoomsuu	5	7
3.	Jechoota hiika galumsaan walitti firoomsuu	6	12
	Jechootaan bakka duwwaa guutuu	7	12
4.	Jechoota hiika walfakkiin walitti firoomsuu	4	17
5.	Jechootaaf hiika walfakkii kennuun hima ijaaruu	4	22
6.	Hiika bakka galumsaa jechootaa filachuu	3	26
7.	Jechootaan bakka duwwaa guutuu	3	31
	Jechootaan hima ijaaruu	4	32
	Jechootaan hima ijaaruu	10	35
8.	Jechoota hiika galumsaan walitti firoomsuu	3	37-38
9.	Hiika galumsaa jechootaa filachuu	3	41-42
10.	Jechootaan bakka duwwaa guutuu	3	49
	Hiika jechootaafi gaaleewwan haala galumsaan tilmaamuu	4	49
11.	Jechoota hiika walfakkiin walitti firoomsuu	3A	52
	Jechoota kennamaniin hima ijaaruu	3B	52
12.	Hiika galumsaa jechootaa filachuu	3A	57
	Jechootaan bakka duwwaa guutuu	3B	57

13.	Hiika kallattii jechootaa kennuu	5	61
14.	Hiika galumsaa jechootaa filachuu	3	65-66
	Jechootaan bakka duwwaa guutuu	4	66
	Jechootaan hima ijaaruu	5	66
15.	Hiika galumsaa jechootaa filachuu	3	75-76
	Jechoonni dhiyaatan akka hiika lamaafi isaa ol qabaatanitti himattiin ijaaruu	4	76
	Jechoota hiika lamaafi isaa ol qaban gaafachuun irratti mari'achuu	5	76
	Jechootaan hima ijaaruu	6	77
	Hiika walfakkii jechootaa kennuu	7	77
16.	Hiika galumsaa jechootaa filachuu	3	80
	Jechamoota hiikaan walitti firoomsuu	4	80
17.	Jechoota hiika galumsaan walitti firoomsuu	3	83-84

Ragaan Gabatee 3 armaan olii keessatti dhiyaate kan argisiisu, gilgaalonni tuut-jecha barsiisuu KBAO kutaa 7 keessatti hammataman: hiika walfakkii jechootaa kennuu yookiin walitti firoomsuu, hiika bakka galumsaa jechootaafi gaaleewwanii filachuu/walitti firoomsuu/ibsuu, hiika jechamootaafi hiika faallaa jechootaa walitti firoomsuu, jechoota dhiyaataniin bakka duwwaa guutuufi hima ijaaruu ta'uu isaaniiti. Gabaabummatti, gosoonni gilgaalota tuut-jecha barsiisuu kitaabicha keessatti hammataman walitti firoomsuu, filannoo, bakka duwwaa guutuu, ibsiifi hima ijaaruudha.


Gosoota gilgaalota tuut-jecha barsiisuu 33 kitaabicha keessatti dhiyaatan keessaas 21 (%64) hiika walfakkiifi hiika bakka galumsaa tuut-jechaa barsiisuu, 6 (%18) hima ijaaruu, 5 (%15) bakka duwwaa guutuufi 1(%3) immoo hiika faallaa tuut-jechaa barsiisuurratti fuulleffatanii jiru. Ragaan kun gilgaalonni barsiisuu kitaabichaa baay'inaan hiika tuut-jechaa barsiisuurratti xiyyeeffachuu argisiiseera. Garuu tuut-jecha barsiisuun hiika isaa qofa barsiisuu osoo hintaane qabxiilee hedduu barsiisuu ofkeessatti hammata. Kanaaf, qabxiileen tuut-jecha barsiisuu keessatti hammatamuu qaban: unka jechaa, seerluga

jechaa, jechoota jechi sun waliin deemu, hiika jechaa, hiika hariiroofi ijaarsa (Ur, 1991).

Giraafii 3: Gilgaalota Tuut-jecha barsiisuu KBAO kutaa 7

Baay'inniifi gosti gilgaalota tuut-jecha barsiisuu kitaabichaas boqonnaa boqonnaatti garaagarummaa guddaa qabu. Kunis boqonnaawwan kitaabichaa tokko tokko keessatti gilgaala tuut-jecha barsiisuu gosa tokko qofatti si'a tokkoofi isaa ol irra deddeebiin kan dhimma itti ba'ame yoo ta'u, kanneen biroo keessatti immoo gilgaalota tuut-jecha barsiisuu gosoota adda addaa hanga sadiitti itti gargaaramameera.

Gama biroon, boqonnaawwan kitaabichaa kaan keessaa immoo gilgaalonni tuut-jecha barsiisuu kunneen qophaa'anii hinjiran. Kunis boqonnaawwan 10, 16, 20, 21, 22, 23fi 24 keessaa gilgaalli tuut-jecha barsiisuu tokkoyyuu hinqophoofne. Kun immoo boqonnaawwan kitaabichaa 24 keessaa 7 (%29) keessaa gilgaalli tuut-jecha barsiisuuf qophaa'e akka hinjirre mul'iseera.



Ragaan giraafii 3 olitti dhiyaate. dhibbeentaan gosoota gilgaalota tuut-jecha barsiisuu KBAO kutaa 7 keessatt hammatamanii addaddummaa kan qabu ta'uu mul'iseera. Kunis filannoon (%22), walitti firoomsuun (%25), bakka duwwaa guutuun (%9), hima ijaaruun (%25)fi ibsiin (%19) ta'uu argisiiseera. Akkasumas, ragichi baay'inni tokkoo tokkoo gilgaalota kanaa bakka duwwaa guutuurraa kan hafe walitti dhiyaatoo ta'uus mul'iseera. Kun immoo gosoonni gilgaalota tuut-jecha barsiisuu kunneen hamma tokko haala walmaaduun kitaabicha keessatti kan dhiyaatan ta'uu ibseera. Kanaaf, ragaan kun KBAOn kutaa 7 gama kanaan kanneen biroo caalaa fooyya'insa qabaachuu mul'iseera.

Gaaffii kana barsiistonni Afaan Oromoo baay'inaan 4 ta'an gaafa 15/6/2013fi 18/6/2013 gaafatamanii akka deebisanitti,

Taasisaa K. fi Kb

gilgaalonni jechoota barsiisuu KBAO kutaa 7 keessatti hammataman: filannoo, walitti firoomsuu, bakka duwwaa guutuu, hima ijaaruufi ibsii yookiin barreessiidha. Ragaan kun ragaa xiinxala kitaabicharraa argame cimseera.

Gabaabumatti, xiinxala ragaalee garaa garaa olitti taasifamerraa, gilgaalonni tuut-jecha barsiisuu KBAO kutaa 7 keessatti hammataman: walitti firoomsuu, filannoo, bakka duwwaa guutuu, ibsiifi hima ijaaru ta'uu, gilgaalonni kunneenis baay'inaan hiika tuut-jechaa barsiisuurratti kan fuulleffatan malee beekumsa tuut-jechaa garaa garaa akka hinbarsiisneefi boqonnaawwan kitaabichaa kaan keessa immoo hinqophoofne. Kanaaf, gilgaalonni tuut-jecha barsiisuu KBAO kutaa 7 keessatti hammataman beekumsa adda addaa

Jor. Dil. Qor. Amajjii-Waxabajji 2024, 2(1):83-109

tuut-jechaa barsiisuurratti ga'umsa akka hinqabne hubatameera.

4.1.4. Gilgaalota Tuut-jecha Barsiisuu KBAO Kutaa 8

Mataduree kana jalatti, gilgaalota tuut-jecha barsiisuu KBAO kutaa 8 keessatti dhiyaatan adda baasuufi gilgaaloonni kunneen hammam beekumsa garaa garaa tuut-jechaa akka barsiisan hubachuuf ragaaleen maddawwan adda addaarraa walitti qabaman haala armaan gadiin bifa gabatee, giraafiifi ibsaan dhiyaachuun xiinxalamaniiru.

Gabatee 4: Gilgaalota Tuut-jecha Barsiisuu KBAO Kutaa 8

Lak	soota Gilgaalota Tuut-jecha Barsiisuu	Gil	Fuula
1.	Jechootaan bakka duwwaa guutuu	4	3
2.	Hiika jechootaafi gaaleewwan jala sararamanii filachuu	3	7-8
	Garaagarummaa jechoota dubbisa keessaa ba'aniirratti mari'achuu	4	8
3.	Hiika bakka galumsaa jechootaa filachuu	3	13-14
	Hiika bakka galumsaa gaaleewwanii filachuu	4	14
	Garaagarummaa jechootaafi gaaleewwanii irratti mari'achuu	5	14
	Hiika ifaafi dhokataa jechootaafi gaaleewwan jala muramanii kennuu	6	14
	Hiika jechoota jala sararamanii kennuu	8	15
4.	Hiika galumsaan jechootaafi gaaleewwan walitti firoomsuu	3	18
5.	Jechoota hiika faallaan walitti firoomsuu	3	23

	Hiika faallaa jechootaa barreessuu	4	24
	Hiika faallaa yookiin walfakkii jechootaa barreessuu	5	24
	Hiika faallaa jechootaa kennuufi hima ittiin ijaaruu	6	24
6.	Jechoota hiika bakka galumsaan walitti firoomsuu	2A	28
	Hiika bakka galumsaa jechootaa kennuu	2B	29
	Jechoota dhiyaataniin bakka duwwaa guutuu	3	29
	Garaagarummaa jechoota kennamanii himuu	4	29
7.	Jechoota hiika walfakkiin walitti firoomsuu	4	35
	Jechoota hiika faallaan walitti firoomsuu	5	35-36
8.	Jechoota dhiyaataniin bakka duwwaa guutuu	4	40
9.	Jechoota hiika walfakkiin walitti firoomsuu	3	43
10.	Hiika walfakkii jechootaa gaaleewwanii kennuu	2	46-47
11.	Jechootaa fi gaaleewwan hiika galumsaan walitti firoomsuu	4	51
	Jechamoota hiikaan walitti firoomsuu	5	52
	Jechamootaa fi hiika isaanii gaafachuun barreessuu	6	52
12.	Jechoota dhiyaataniin bakka duwwaa guutuu	3	57
	Hiika bakka galumsaa jechootaa kennuu	5	57
13.	Hiikabakka galumsaa jechootaa arreessuu	6	61
14.	Jechootaa fi hiika walfakkii kennuufi hima ittiin ijaaruu	3	63
	Jechoota dhiyaataniin bakka duwwaa guutuu	5	64
15.	Jechootaa fi hiika bakka galumsaa kennuufi hima ittiin ijaaruu	5	69
	Hiika jechoota jala sararamanii kennuu	6	69-70
16.	Jechoota hiika walfakkiin walitti firoomsuu	3A	76
	Jechoota dhiyaataniin bakka duwwaa guutuu	3B	76
17.	Jechoota hiika walfakkiin walitti firoomsuu	3	80-81
	Jechoota dhiyaataniin bakka duwwaa guutuu	4	81
18.	Jechoota hiika bakka galumsaan walitti firoomsuu	4	81
	Jechoota dhiyaataniin bakka duwwaa guutuu	4	84-85
19.	Hiika faallaa jechootaa kennuu	3	88
	Jechoota hiika walfakkiin walitti firoomsuu	6	89

	Jechamootaafi hiika isaanii gaafachuun dareetti dhiyeessuu	7	89
20.	Jechoota hiika bakka galumsaan walitti firoomsuu	4	91
	jechoota hiika bakka galumsaan walitti firoomsuu	5	92
	7.1. Hiika bakka galumsaa jechootaa ibsuu	7	93
	7.2. Jechootaan hima ijaaruu		
	Jechoota dhiyaataniin bakka duwwaa guutuu	10	94
21.	5.1. jechoota hiika bakka galumsaan walitti firoomsuu	5	98-99
	5.2. Jechamoota hiikaan walitti firoomsuu		
22.	Jechoota hiika faallaan walitti firoomsuu	4	106

Ragaa Gabatee 4 armaan olii keessatti dhiyaatterraa, gilgaalonni tuut-jecha barsiisuu KBAO kutaa 8 keessatti hammataman: jechoota hiika walfakkiin walitti firoomsuu/kennuu, jechootaafi gaaleewwan jala sararamaniif hiika ifaafi dhokataa kennuu, hiika jechootaafi gaaleewwan jala sararamanii filachuu, jechootaafi gaaleewwan hiika bakka galumsaan walitti firoomsuu, hiika bakka galumsaa jechootaa ibsuu, hiika jechamootaafi faallaa jechootaa kennuu, jechamoota hiikaan walitti firoomsuu, jechoota hiika faallaan walitti firoomsuu, jechootaan bakka duwwaa guutuufi hima ijaaruu ta'uutu hubatameera. Gabaabumatti, gilgaalonni tuut-jecha barsiisuu kitaabicha keessatti hammataman walitti firoomsuu, filannoo, bakka duwwaa guutuu, ibsiifi hima ijaaruudha.

Gilgaalota tuut-jecha barsiisuu kitaabicha keessatti dhiyaatan 49 keessaas 32 (65%) hiika

walfakkiifi hiika bakka galumsaa tuut-jechaa kennuu, 9 (19%) bakka duwwaa guutuu, 7(14%) hiika faallaafi 1 (2%) immoo hima ijaaruu barsiisuurratti xiyyeeffataniiru. Ragaan kun, gilgaalonni tuut-jecha barsiisuu kunneen baay'inaan hiika tuut-jechaa barsiisuurratti xiyyeeffachuu mul'iseera. Haata'u malee, tuut-jecha barsiisuun hiika isaa qofa barsiisuu miti. Kanaaf, qabxiileen tuut-jecha barsiisuu keessatti hammatamuu qaban: unka jechaa, seerluga jechaa, jechoota jechi sun waliin deemu, hiika jechaa, hiika hariiroofi ijaarsa (Ur, 1991).


Baay'inniifi gosti gilgaalota tuut-jecha barsiisuu kitaabichaas boqonnaatti garaagarummaa qabu. Kunis boqonnaawwan tokko tokko keessatti gilgaala gosa tokko qofatu si'a tokkoofi isaa ol irra deddeebiin dhiyaate yoo ta'u, kanneen biroo keessatti

Taasisaa K. fi Kb

immoo gilgaalota tuut-jecha barsiisuu gosoota adda addaa hanga sadiitu dhimma ba'ameera.

Gama biroon, boqonnaawwan kitaabichaa 16fi 23 keessaa gilgaalli tuut-jecha barsiisuuf qophaa'e hinjiru. Kun immoo boqonnaawwan kitaabichaa 24 keessaa 2 (%8) gilgaala tuut-jecha barsiisuu kan hinqabne ta'uu mul'iseera. Garuu KBAO kutaa 8 gama gilgaalota tuut-jecha barsiisuu boqonnaawwan kitaabichaa baay'ee keessaa qophaa'uutiin kanneen biroo waliin yommuu madaalamu gaariidha. Kana jechuun garuu gilgaalonni kunneen beekumsa adda addaa tuut-jechaa barsiisuuf qophaa'an jechuu miti.

Giraafii 4: Gilgaalota Tuut-jecha barsiisuu KBAO kutaa 8



Ragaan giraafii 4 olitti dhiyaate. dhibbeentaan gosoota gilgaalota tuut-jecha barsiisuu KBAO kutaa 8 keessatti hammatamanii garaagarummaa kan qabu ta'uu mul'iseera. Kunis, filannoon (%11), walitti firoomsuun (%33), bakka duwwaa guutuun (%17), hima

Jor. Dil. Qor. Amajjii-Waxabajji 2024, 2(1):83-109

ijaaruun (%6)fi ibsiin (%33) ta'uu argisiiseera. Ragaan kun baay'inni tokkoo tokkoo gilgaalota tuut-jecha barsiisuu kitaabichaa keessatti dhiyaatanii garaagarummaa qabaachuu adda baaseera. Gama biroon hanga gilgaalota walitti firoomsuufi ibsii walfakkaataadha. Garuu kutaa kanatti baay'inni gilgaalota walitti firoomsuufi ibsii tokko ta'uun fudhatamaa miti. Sababni isaas sadarkaa kanatti gilgaalota ibsiitu caaluu qabature. Kun immoo gosoonni gilgaalota tuut-jecha barsiisuu kunneen akkaataa barbaachisummaa isaaniitiin kitaabichaa keessatti kan hindhiyaanne ta'uu mul'iseera.

Gaaffii kana barsiistonni Afaan Oromoo lakkoofsaan 4 ta'an gaafa 19/6/2013fi 30/6/2013 gaafatamanii akka deebisanitti, gosoonni gilgaalota tuut-jecha barsiisuu KBAO kutaa 8 keessatti dhiyaatan: filannoo, walitti firoomsuu, bakka duwwaa guutuu, hima ijaaruufi ibsii yookiin barreessiidha. Ragaan kun ragaa xiinxala kitaabichaarraa argame deeggareera.

Gabaabumatti, xiinxala ragaalee adda addaa olitti taasifamerraa gilgaalonni tuut-jecha barsiisuu KBAO kutaa 8 keessatti hammataman walitti firoomsuu, filannoo, bakka duwwaa guutuu, ibsiifi hima ijaaru ta'uu, gilgaalonni kunneenis beekumsa garaa garaa tuut-jechaa barsiisuurra baay'inaan hiika

Taasisaa K. fi Kb

tuut-jechaafi gaaleewwanii shaakalsiisuurratti xiyyeeffataniiru. Kanaaf, gilgaalonni tuut-jecha barsiisuu KBAO kutaa 8 keessatti hammataman beekumsa adda addaa tuut-jechaa barsiisuurratti ga'umsa akka hinqabne adda ba'eera.

Gaaffii gosoota gilgaalota tuut-jecha barsiisuu KBAO kutaa 5-8 keessatti hammatamnii ilaalchisee qaamni SBAO qopheessu gaafa 30/3/2013 gaafatamee akka deebisetti, walitti firoomsuu, filannoo, bakka duwwaa guutuufi hima ijaaruudha. Haata'u malee, gilgaalonni kunneen sadarkaa barattoota yeroo ammaa wajjin walhinsiman. Bal'inas hinqaban. Keessaayyuu KBAO kutaa 5-7 keessatti gilgaalonni jechoota barsiisuuf dhiyaatan baay'ee gadi bu'oodha. Garuu kutaan 8 amma barbaadame ta'uu baatus hanga tokko fooyyee qaba. Ragaan kun gilgaalonni tuut-jecha barsiisuu KBAO kutaa 5-8 keessatti dhiyaatan murtaa'oo ta'uu mul'iseera. Ragaan kun kan afgaaffii barsiistotaafi xiinxala KBAO kutaa 5-8 irraa argame cimsee jira.

Walumaagalatti, xiinxala ragaalee adda addaa armaan olitti taasifamerraa, gilgaalonni tuut-jecha barsiisuu KBAO kuta 5-8 keessatti hammataman walitti firoomsuu, filannoo, bakka duwwaa guutuu, ibsiifi hima ijaaruu ta'uufi gilgaalonni kunneenis beekumsa garaa garaa tuut-jechaa barsiisuurra baay'inaan hiika

Jor. Dil. Qor. Amajjii-Waxabajji 2024, 2(1):83-109

tuut-jechaafi gaaleewwanii shaakalsiisuurratti xiyyeeffachuun isaanii adda ba'eera. Kun immoo gilgaalonni kunneen gosaan murtaa'oofi kutaadhaa kutaatti kan walfakkaataa ta'uu argisiiseera.

Gabaabumatti, yaadxinni hubannoo barnoota keessatti shoora mataa isaa qaba. Yaadxinni kun ga'ee hirmaannaan barattoota barnoota keessatti qabu ibsa. Akkasumas, yaadxinni kun barnoonni muuxannoo ofiin walqabsiisuun akka barbaadu eera. Kana galmaan ga'uuf immoo gilgaalonni tuut-jecha barsiisuu dhimmoota kana bu'ureeffachuun qophaa'uu qabu.

5. Goolaba

Xiinxala ragaalee armaan olitti taasifamerraa kan hubatamu, gosoonni gilgaalota tuut-jecha barsiisuu KBAO kutaa 5 keessatti dhiyaatan: walitti firoomsuu, filannoo, ibsiifi hima ijaaruu qofadha. Gilgaalonni kunneenis baay'inaan hiika tuut-jechaa barsiisuurratti kanneen xiyyeeffatanidha. Akkasumas, boqonnaawwan kitaabichaa gartokko keessaa immoo gilgaalli tokkoyyuu hinqophoofne. Kanaaf, gilgaalonni tuut-jecha barsiisuu kitaabicha keessatti dhiyaatan beekumsa adda addaa tuut-jechaa kan hinbarsiisnee ta'uu hubatameera.

Gama biroon xiinxalli ragaalee armaan olitti dhiyaaterraa gosoonni gilgaalota tuut-jecha

Taasisaa K. fi Kb

barsiisuu KBAO kutaa 6-8 keessatti hammataman: walitti firoomsuu, filannoo, bakka duwwaa guutuu, ibsiifi hima ijaaruu qofadha. Gilgaalonni kunneenis baay'inaan hiika tuut-jechaa barsiisuurratti kanneen xiyyeeffatanidha. Akkasumas, boqonnaawwan kitaabichaa gartokko keessaa immoo gilgaalli tokkoyyuu hinqophoofne. Kanaaf, gilgaalonni tuut-jecha barsiisuu kitaabota kanneen keessatti hammataman beekumsa adda addaa tuut-jechaa kan hinbarsiisnee ta'uu adda ba'eera.

Walumaagalatti, xiinxala ragaalee adda addaa armaan olitti taasifamerraa gilgaalonni tuut-jecha barsiisuu KBAO kutaa 5-8 keessatti hammataman murtaa'oofi beekumsa tuut-jechaa adda addaa barsiisuurra hiika tuut-jechaa barsiisuurratti fuulleffatu. Haata'u malee, tuut-jecha barsiisuun hiika isaa barsiisuu qofa miti. Keessattuu afaan dhalootaa keessatti hiika isaa qofarratti xiyyeeffachuun tuut-jecha barsiisuun ga'aa waan hintaaneeff, gilgaalota beekumsa adda addaa tuut-jechaa kanneen akka garee jechootaa, maddaa jechootaa, jechoota waliin deeman, ijaarsa jechaa, xiinxalli caasaalee jechaafi kkf barsiisuurratti fuulleffatan kitaabota keessatti hammachiisuun murteessaa ta'a. Gama biroon, boqonnaawwan kitaabota kanneen gartokko keessammoo gilgaalli tuut-

Jor. Dil. Qor. Amajjii-Waxabajji 2024, 2(1):83-109

jecha barsiisuu hinjiru. Kanaaf, gilgaalonni tuut-jecha barsiisuu kitaabota kanneen keessatti dhiyaatan beekumsa garaa garaa tuut-jechaa barsiisuuf ga'umsa akka hinqabne adda ba'eera. Kun immoo haalli qophii gilgaalota tuut-jecha barsiisuu kitaabota kanneen xiyyeeffannoon kan hinraawwatamne ta'uu mirkaneessa.

6. Argannoo

Qorannoo kanaan gosoonni gilgaalonni tuut-jecha barsiisuu KBAO kutaa 5-8 keessatti hammataman: walitti firoomsuu, filannoo, bakka duwwaa guutuu, ibsiifi hima ijaaruu qafa ta'uu, gilgaalonni kunneenis hiika tuut-jechaa barsiisuurratti kanneen xiyyeeffatan malee beekumsa adda addaa tuut-jechaa kan hinbarsiisneefi isaaniyyuu boqonnaawwan kitaabichaa gartokko keessaa immoo hinqophoofne. Kanaaf, gilgaalonni tuut-jecha barsiisuu kitaabota kanneen keessatti dhiyaatan beekumsa garaa garaa tuut-jechaa barsiisuuf ga'umsa akka hinqabne adda ba'eera.

7. Yaboo

Gilgaalonni tuut-jecha barsiisuu KBAO kutaa 5-8 keessatti hammataman: walitti firoomsuu, filannoo, bakka duwwaa guutuu, ibsiifi hima ijaaruu qofa ta'uufi gilgaalonni kunneenis hiika tuut-jechaa barsiisuurratti kanneen xiyyeeffatan malee beekumsa adda addaa tuut-

Taasisaa K. fi Kb

jechaa kan hinbarsiisneefi isaaniyyuu boqonnaawwan kitaabichaa gartokko keessaa immoo akka hinqophoofne qorannoo kanaan adda ba'eera. Kun immoo haalli qophii gilgaalota tuut-jecha barsiisuu kanaa rakkoo akka qabu mul'iseera. Kanaaf, rakkoo kana furuuf qaamni sirna barnoota Afaan Oromoo qopheessuufi qopheessitoonni kitaabichaa kitaabota afaanichaa gara fuulduraatti qophaa'an keessatti gilgaalota beekumsa adda addaa tuut-jechaa barattoota barsiisan haala ga'umsa qabuun hammachiisuun murteessaa ta'a.

Wabiilee

Abate Demissie (2013). The Effects of Differentiated Instructional Approach on Students Vocabulary Achievement and Attitude in EFL Classroom (Unpublished PhD dissertation). Addis Ababa University, Addis Ababa.

Baker, S., Geva, E., Kieffer, M.J., Lesaux, N., Linan-Thompson, S., Morris, J. et al. (2014). *Teaching academic content and literacy to English learners in elementary and middle school* (NCEE 2014-4012). Washington, DC: National Center for Education Evaluation and Regional Assistance (NCEE), Institute of Education Sciences, U.S. Department of Education.

Jor. Dil. Qor. Amajjii-Waxabajji 2024, 2(1):83-109

Choudaraju, N. (2017). Effective Vocabulary Teaching Strategies for ESL Students: Challenges and Solutions. *International Journal of Engineering Technology Science and Research* (IJETSR), Volume 4, Issue 9, No 1469-1476. <http://www.ijetsr.com>

Figaaduu Oljirraa (2007). Qaaccessa Dalagawwan Jechoota Afaan Oromoo Baruu-barsiisuu akka Afaan Dhalootaatti: Manneen Barnootaa Olaanaa Sadarkaa 2ffaa Biiftuu Naqamtee, Arjoofi Gatamaarratti (Qorannoo digirii lammaffaa hinmaxxansamne). Yuunvarsitiiti Addis Ababaa, Addis Ababaa.

Harmer, J. (1991). *The practice of English language teaching* (New ed.). New York: Longman Group UK Limited.

Hornby, A.S. & Crowther, J. (1995). *Oxford Advanced Learner's Dictionary of Current English*. Oxford: Oxford University Press (Sd)) - libgen.li.

Nation, P. (2005). Vocabulary Teaching. *The Asian EFL Journal*, 7, 3, 47-54. <http://www.asian-efl-journal.com>

Nunan, D. (1991). *Language teaching methodology: A Textbook for teachers*. New York: Prentice-Hall.

Richards, J. C., & Renandya, W.A. (2002). *Methodology in language teaching: An*

- Taasisaa K. fi Kb*
anthology of current practice. Cambridge:
 Cambridge university.
- Richards, J.C., & Rodgers, T.S (2001).
*Approaches and methods in language
 teaching*(2nded.). Cambridge: Cambridge
 University press.
- Scarino, A., & Liddicoat, A. J. (2009).
Teaching and learning languages: A Guide.
 Australia: GEON Impact Printing Pty Ltd.
- Schmitt, N. (2000). *Vocabulary in language
 teaching.* Cambridge: Cambridge
 University press.
- Sisaay Margaa (2016). Xiinxala Dhiyaannaafi
 Tooftaawwan Hiika Jechootaa Barsiisuu
 Barnoota Afaan Oromoo Kutaa 10^{ffaa}
 (Qorannoo digirii lammaffaa
 hinmaxxanfamne) Yuunvarsitii Addis
 Ababaa, Addis Ababaa.
- Taadewoos Tiiraamoo (2016). Xiinxala
 Hojiirra Oolmaa Hiika Jechoota Afaan
Jor. Dil. Qor. Amajjii-Waxabajji 2024, 2(1):83-109
 Oromoo Kutaa 10^{ffaa} Barsiisuu Keessatti:
 Manneen Barnootaa Sadi Godina Shawaa
 Kaabaatti Xiyyeeffachuun (Qorannoo
 Digirii Lammaffaa Hinmaxxanfamne).
 Yuunivarsiitii Addis Ababaa, Addis
 Ababaa.
- Thornbury, S. (2002). *How to teach
 vocabulary.* Malaysia: Pearson Education
 Limited.
- Ur, P. (1991). *A Course in language teaching:
 Practical and theory.* Cambridge:
 Cambridge University press.
- Yittaayyaal Tasammaa (2012). Xiinxala
 Tooftaawwan Hiika Jechootaa Afaan
 Oromoo Barsiisuu: Manneen Barnootaa
 Sadarkaa 2^{ffaa} Arjoofi Gomboo Kutaa 10^{ffaa}
 Xiyyeeffachuu (Qorannoo digirii lammaffaa
 hinmaxxansamne). Yuunvarsitii Addis
 Ababaa, Addis Ababaa.